gaafataa gadi baate. Umaris taatee hundumaa itti hime. Isiinis tajaajiltuu isiitiin "Rabbiin natti haa ta'u aannan kana hin dhandhamu. Kanaafuu bakka futetti deebisi." Jetteen. Isiinis daddaffiin bakka fiddetti deebifte.

• • • • •

❖ Misoomaa fi sirna hoggansa lafaa keessatti.

Hoggansa lafaatiin wal qabatee bulchitoonni isa dura dabarfatan haala ulfaataa fi hawaasaaf hin mijanne. Akkasumas haala tuutni ykn murni xiqqaan ittiin fayyadamuun hogganaa akka turan barreessitoonni hedduun ni ibsu.

Kana malees maddi galii man-kuusa qabeenya ummataa inni guddaan fi dhaabbataan galii gibira lafarraa argamuutiin waan ta'eef to'annoo fi fayyadama isaa haala hammaataa keessa akka godhanis barreesitoonni ifa godhanii kaa'u.

Qabiyyee lafaa kamiyyuu namni tokko dhuunfachuu hin danda'u. Kan inni danda'u qaama biyya bulchu irraa kireeffachuu qofa. Kanas kan gochuu danda'u abbootii qabeenyaa, dura bu'ootanaannolee fi gosootaa fa'a.

Kanaafuu irra hedduun ummataa misooma lafaa irraa fagaachuun daldala qofarratti hirkatee akka jiraatu isa taasiseera. Garuu oomishni lafarraa argamu xiqqaa waan ta'eef meeshaalee daldalanu baay'inaan biyyoota oomisha

biyyee irraa argamu dhiheessan irraa gatii guddaadhaan bituun hawaasas ol ka'iinsa gatii meeshaaleetiif saaxilaniiru.

Ammas dabalataan namoonni lafa kireeffatan galii irraa argatanus argachuu baatanus kaffaltii jararraa eegamu dhiheessuun jaraa dirqama.

Umar akkuma gara aangootti dhufeen wanta kana ilaalcha keessa galchuun seerota amma dura turan fooyyessuun haala hawaasaaf mijatuu fi misooma lafaatti hirmaachisuun ummataaf seerota haaraa wixineesse.

Seerota sana keessaa hanga ta'e yeroo ilaallu;

- Lafti qabeenya nama dhuunfaa ykn kan murna xiqqaa osoo hin taane kan hawaasa bal'aa akka ta'e ibsuun namoonni hunduu bifa wal fakkaataa ta'ee fi madaala wal qixa ta'een misooma lafaa irratti hirmaachuu akka danda'anu.
- Galii barbaachisaa ta'e man-kuusaaf galchuun qabiyyee lafichaa dhuunfachuu fi itti fayyadamuu akka danda'anu.
- Namoonni lafa kireeffatanis ta'ee laficha dhuunfatan lafa sana misoomsuuf dirqama akka qabanuu fi lafti sun osoo hin misoomin bar tokkollee taa'uu akka hin qabne.
- Yoo ofiif misoomsuullee hin danda'in namootaaf kireessuun akka misoomsan gochuu. Ykn namootaaf kafaltii barbaachisaa ta'e kaffaluun akka misoomsan taasisuu akka qabanu.

- Muudamtoonni gibira walitti qabanus lafa kootichaa fi kan kooticha hin ta'in irraa gatii wal fakkaataa akka hin fuunee fi gibira biyyoo sana fakkaatu akka guuranu.
- Akkasumas namoota hanqina bishaaniitiinis ta'ee sababoota adda addaatiin oomishni jaraa hin milkaa'iniif gibirri akka irraa hin fuudhamne.
- Namoonni qabiyyee lafaa dhuunfatanis gaafa du'an lafti sun dhaaltuudhaaf akka galii taasifamu. Fi k.kf

Seerota akkanaa fi kanneen biroos baasanii hawaasaaf haala mijeessuun olitti ammoo biyyoota rooba baay'inaan hin arganneef jallisii gurguddaa hojjechiisuun oomisha jaraaf akka gargaaraman taasisaa akka ture beektonni akka Ibnul-Jawzii fi kanneen biroos ni dubbatu.

Dabalataanis beekaan Ibnu Sa'ad jedhamanu yeroo kaayanu. Bulchiinsi duraan dabarfate galii man-kuusaa guddisuuf jecha kallattiilee ittiin ummatarraa galiin walitti funaanamu mijeessaa akka ture ibsu.

Maddoota galii man-kuusaa ta'uun wantoota tajaajilaa turan keessaa zakaa, gibira lafaa, boojuu, gibira daandiwwanii fi riqichaa fi k.k.f ture.

Umar wantoota akka daandii, riqichaa, mana yaalaa fi k.k.f irraa galii motummaadhaaf galu osoma gara aangootti hin dhufin balfaa ture. Kan inni balfus daandiwwan hojjechuun, riqicha hojjechuun, mana yaalaa ijaarsisuun, manneen barnootaa ijaarsisuun, fi k.k.f dirqama mootummaan

ummata tajaajiluuf hojjetuu fi mirga ummanni mootummaa irraa argachuuf qabu akka ta'e waan amanuufi.

Kanaafuu erga muudamee aangootti ol ba'een booda wantoota kanaa fi kana fakkatan seera maleeyyii ta'an maraa akka hanbise dubbatu.

Garuu beektonni hedduun taatee kana erga dubbataniin booda wanti jarri dinqisiifatan guddaan osoo jiraatee. Maddi galii bulchitoota duraan turanii baay'achuu fi kan bara umar ammoo hir'ifamuu waliin galiin bara bulchiinsa Umar ture kan jara duraa irraa dacha dachaa caaluu isaa akka ta'e ni himu.

•••••

❖ Umar fi ilmaan Umawiyyootaa.[65]

"Hojii argachuudhaaf maallaqa qabaadhu. Ykn ammoo fira qabaadhu." (Jedhaatujedhe.)

Rakkinni kun rakkina bulchiinsa hedduu keessatti argamu osoo ta'ee jiruu keessumaa kan biyya keenyaa ija qabaa nama ilaala.

Dhugaa dirree jiru waan ta'eef dhoksaan waa hin fayyadu. Mee wal gaafanna jarana. Eenyunni kan dandeettii barnoota isaatiin bakka isaan malu taa'e? Eenyu akka dandeettii isaatti

[65] Jarri sanyii mootiiti. Kana jechuun akka aadaa bulchiinsa arabootaatti sanyii biyya bulchuuf bara sana kaayamani dha.

ga'ee mataasaa bahataa jira? Inni abbaa taayitaa ta'uu qabu kophee qulqulleessa, inni silaa kophee qulqulleessuu qabu ammoo abbaa aangoo ta'ee burjaaja'aan burjaaja'ee nama burjaajessa.

Rakkisaa dha. Biyya keenya keessatti waggoota 20 fi 25.Sanaa olis barattee barnoonni kee waa sin fayyadu. Inni si fayyadu waggaa 5 fi 10 barattee fira achiin si ga'u qabaachuu dha. Kun ulaagaalee hojii argachuudhaaf biyyi keenya seerota dhaabbatoo garuu waraqaa irratti hin barroofne keessatti nuuf keesse keessaa isa tokkoo fi akkasumas isa guddaa dha.

Akkuma reefuu dubbanne Ulaagaan kun barreeffamaan jiraachuu baatus ulaagaa aangawoonni biyya keenyaa fi akkasumas dameeleen hojiilee adda addaa keessatti dhibbentaa 98% ittiin bakka amma irra jiran ga'ani dha. Isuma natti fakkaata inni nagaa biyyaa booressee, wal amanuu fageessee, guddina dhabamsiisee, wal-jaalala balleessee, rakkoo fi rakkina qooda keenya taasise.

Kana malees inni addunyaa irra nu facaasee, gola alagaa keessa nu yaasee, shaarfaa buna alagaa inni nu taasise, irbaata qurxummii godhee inni naacha nu soore, inni utuu lubbuun jirruu laf jala nu qabare isa kana natti fakkaata. Akkas mitii jarana?! Haala fedheenuu haa ta'uu dubbiin akkasuma.

Mee amma ammoo "Umar hoo rakkina kana bifa kamiin fure?" isa jedhu walumaan gabaabsinee haa ilaallu.

Akkuma durarratti ibsine bulchiinsichi bara bulchiinsa ilmaan Umawiyyootaa keessa. Bulchitoonni Umariin dura turan yeroo bulchaa turanitti bulchaa guddichaa hanga aangawoota xixiqqootti sanyii mootolii sana irraa muudu ture. Kanneen aangoo hin argatinis ammoo sanyii mootii ta'uu qofaan hawaasicha keessatti iddoo adda ta'e qabu. Biyyoota bulchanus akka mana dhuunfaa ofiitti itti fayadamu ture.

Garuu Sulaymaan ibnu Abdulmalik osoo obboloonni isaa fi ilmaan isaas jiranuu akka seera jaraatti nama aangoo dhaaluu hin dandeenye Umar akka inni dhaaluuf mallattoo bulchiinsichaatiin mirkaneesseefii du'e. Sulaymaan sababaa kana godheefis yeroo dubbatamu.Namni bulchiinsa kana haqummaadhaan guutuu danda'u Umariin qofa akka ta'e waan amanuufi.

Umaris akkuma aangoo qabateen hojiin jalqabaa inni godhe akkuma duraan ibsine qabeenya ilmaan Umawiyyootaa ummata saamanii tuullatan harkaa fuuchuun gara cubbamtoota qabeenyi jaraa seeraan ala jalaa fuudhameetti deebise. Isa hafes ammoo man-kuusa qabeenya ummataatti galche.

Fakkeenyaaf akkuma haati manaa isaa Faaximaa binti Abdulmalik akaakayyuun isii bulchaa walii galaa turani.

Isaanitti aansee ammoo abbaan isii Abdulmalik aangoo sana dhaale. Akkasumas obboloonni isii Sulaymaan, Waliid fa'as bulchaa walii galaa ta'anii muudamaniiru. Kanaafuu ilmaan Umawiyyootaa warra qooda guddaa qabanu keessaa isii tokko turte. Uffannaa hariira, warqee, birrii fi meeshaalee qaqqaalii ta'an hedduu dhuunfattee turte.

Garuu Umar akka aangoo bulchiinsa walii galaatiif muudameen meshaaleen kunneen haqa ummataa irraa waan bitamaniif man-kuusa qabeenya ummataatti aaka galchitu dhiheesseef. Akkasumas filannoo lama keessaa kan barbaadde akka isiin filattu dhiheesseefii ture. Filannoon sunis; inni jalqabaa qabeenya sana deebisanii isa waliin jiraachuu fi inni lammataa ammoo isarraa adda ba'uu ture[66]. Isiinis filannoo jalqabaa filachuun meeshaalee hundumaa man-kuusatti galchuun jiruu haqummaa waliinii filattee isa biratti hafte.

Muudama aangoos yeroo kennu ilmaan Umawiyyootaa keessaa kan inni dameelee bulchiinsaa irratti muude ilmaan isaa keessaa Abdulmalik[67] fi Abdullah[68] qofa ture. jarris kan jarri muudamuu danda'aniif sababaa ilmaan isaa ta'aniif

---

[66] Kana jechuun meeshaaleen sun yoo man-kuusaaf galii hin godhamin qabeenya hawaasaa dhuunfattee isaaf haadha manaa gar-tokkee jireenya isaa ta'uu akka hin dandeenye nuuf ibsa.

[67] Dimishqaa (Damaasqoo) irratti. Barreessitoonni Kuufaa irrattis jedhanu ni jiru.

[68] Hijaaz irratti.

miti. Sababaan isaa ilmaan isaa kun milkaa'ina haqummaa bulchiinsichaatiif utubaa akka jarri ta'an waan hubateefi.

Fkn; - ilmi isaa Abdulmalik isa gaafanni aangoo qabatu akka inni qabeenya ummataa cubbamtootaaf deebisu isa dinniine sana.

Isa biyya bulchu keessatti mana fncaanii ummataaf ijaaramellee *"Yoon guyyaa seene namni tokko dhufee osoon achi jiruu rakkata."* Jedhee halkan erga ummanni martuu gara mana ofiitti galeen booda seenu dha. Inni isa yeroo xalayaa adda addaa barreessullee barreeffama isaa qaqallisee fi xixiqqeessee barreessu ture. Sababa isaas yeroo gaafatamu. *"Yoon gurguddisee fi fufurdisee barreesse.qabeenya ummataa qisaasessuu natti ta'a."* Jedhee isa dubbate dha.

Yeroo sanatti ilmaan Umawiyyootaa irraa tajaajila addaa bulchiinsa duraanii keessatti jaraaf godhamu hunda irraa kute. Tajaajilli jarri argachuu danda'anus tajaajiluma hawaasni kaan argatu qofa akka ta'e jala muree jaraaf ibsee ture. Kanumarratti hundaa'uun mormiileen adda addaa fi qeeqni hedduun ilmaan Umawiyyootaa irraa itti dhufaa ture. Mormii fi qeeqa sanas bifoota ajaa'ibsiisoo ta'aniin qolataa tureera.

Mee qeeqaa fi mormii ilmaan Umawiyyootaa irraa gara Umaritti dhufanii fi qolannaa inni godhe hanga tokko haa ilaallu.

Yeroo tokko faayidaa addaa Umawiyyoonni argataa turan kan Umar irraa kute ilaalchisee gurguddoonni gosa Umawiyyootaa wal ga'anii mari'atani. Marii sana irratti walii galanii gara mana Umar ibnu Abdul'aziiz deemani. Akkuma deemaniin haalli duraanii jijjiiramuu jalqabe. Manni bulchitootaa kan duraan yeroo fedhan seenanii, akka fedhanitti bahanu. Har'a garuu akkuma hawaasa kaanii heyyama gaafatanii yoo heyyamameef qofa seenuuf dirqamaniiru. Osoma fuul-dura manaa dhaabbatanuu ilmi Umar "Abdulmalik" jedhamu dhufe. Jarris Abdulmalikiin "Yaa Abdulmalik akka seennuuf abbaa kee heyyama nuuf gaafadhu. Ykn ammoo dhimma dhufneef itti nuuf himi." Jedhaniin. Abdulmalikis dhimmi jaraa maal akka ta'e gaafate. Jarris "Bulchitoonni abbaa kee dura turan martuu bakka keenya ni beeku, ga'ee keenyas nuuf kennu. Garuu abbaan kee akkuma hawaasa kaaniitti nu ilaalee bakka nuti qabnuufii hirmaata nu qaqqabu nu dhowwate." Jedhanii itti himatan.

Abdulmalikis gara abbaa isaatti seenuun gurguddoonni gosa Umawiyyootaa akka dhufan, isa haasofsiisuu akka barbaadanuu fi yoo hin taane ammoo dhimmicha akkan itti himuuf akka gaafatan itti hime. Umaris dhimmi jarri dhufaniif maal akka ta'e ilma isaa gaafate. Abdulmalikis wanta jarri jedhan hundumaa itti hime. Umar deebii gaafii jaraatiif; *"Ani ga'ee keessan isin hin dhowwanne. Hin dhowwadhus. Bakka keessan hin wallaalle. Hin wallaalus. Garuu bakkii fi ga'een isin na biraa qabdanu bakkaa fi ga'eedhuma*